## Murni Naamusa Qabsaawummaas fi Safuu Oromummaa Wallaale Gochaa Diigmayaa Irraa Yoom Adabata Laata?

**(Infoo Deeskii ABO irraa)**

Murni waggaa sadi dura Adda Bilisummaa Oromoo irraa fottoqee maqaa '*Jijjiirama*' jedhuun of moggaase daandii badiinsaa qabatee itti jiru hundinuu argaa jira. Murni kun bara 2008 irraa qabee hanga har'aatti yakkoota QBO irratti raaw'ate tarrisanii fixuun ulfaataa dha. Yakkoota murni kun raaw'ate keessaa tokko WBO Zoonii Kibbaa keessatti hookkara uumanii qabsaawota Oromoo dhiiga wal dhangalaasisuu fa'a ture. WBOn fulaa sanii qabsoo manaa baheef irraa abdii kutatee akka diinatti harka kennatu qaceelche. Hogganoonni murna kanaa gariin ilmaan Oromoo diina waraanuuf manaa baate hiriirsanii diinatti galchan. Ofii isaaniifis miidiyaa diinaa irratti bahanii farra QBO tahuu isaanii mirkaneessan. Oromoo mataa gad cabsanii diina shubbisiisan. Qawween kaayyoo bilisummaa Oromoof manaa baates diina farra bilisummaa Oromootiin akka booji'amtu haala mijeessan. Bakkoota birootti Waraana Bilisummaa Oromoo keessaa fi miseensota gameeyyii keessaa waraana wal dura dhaabanii lubbuu danuu galaafatan. Kana malees '*Manifesto ABO*' jedhanii barruu sagantaa siyaasaa ABO faallessu qopheessanii qabsaayota Oromoo dhimma kaayyoo irratti qoqqoodanii wal dura dhaabuuf ijibbaataniiru. Kun hundi yakkoota murni kun QBO irratti raaw'ate keessaa hanga muraasa.

Murni kun yakka lafee keessaa nama laalatu hangana gahu eega raaw'atee booda ammas farrummaa QBOf qabu mirkaneessuu irraa hin adabanne. Har'ayyuu eega ilmaan Oromoo daba isaa irratti baranii irraa bahanii booda fi nama lama sadi qofatti galee boodas taanaan, ija banatee badii raaw'atetti gaabbaa hin jiru. Ergama Habashoota irraa itti kenname fudhatee ilaalcha kaayyootiin qabsaayota Oromoo qoqqoodee wal dura dhaabuuf hawwii qabu qaanyii tokko malee ifatti labsateera. Sababa yakkoota hanga ammaatti mooraa QBO keessatti raaw'ateen hawaasa Oromoo bal'aadhaan waan tufameef amma fuula isaa gara bobaa alagaatti yoo deeffatu argaa jirra. Maqaa ABO jedhu akka mallattoo nagadaa (*Trade Mark*)tti dhimma bahuudhaan Habashoota waliin kontiraata nagada siyaasaa seenuuf kurkuraa jira. Murni badii kun abjuu alagoonni ABO dadhabaa kan salphaatti isaaniif moohamu arguuf qaban dhugoomsuuf jecha sagantaa siyaasaa ABO dabsuuf yaaluu irraa illee hin qaanfanne. Dirqama diina irraa itti kenname galmaan gahuuf jecha maqaa ABO tiin faallaa sagantaa siyaasaa ABO of dhaabee as bahee jira. Murna naamusa qabsaawummaas tahee safuu Oromummaa hin beekne tahuu isaaf kun ragaa guddaa tokko.

Dhugaan tokko garuu ifatti beekamuu qaba. QBO keessatti akka dhaabaatti barbaachisummaa ilaalcha haaraa xiinxaluufis tahee lallabuuf kan hamilee itti qabu, murna qaama kaleessa bobaa Wayyaanee jalaa baafamee har'a bobaa Amaaraa jala seenuuf foolatuun ajajamu miti. Kana gochuuf kan mirgas tahee hamilee itti qabu Kora Sabaa sirna heeraa guute qofa! Korri Sabaa iyyuu kana gochuu kan danda'u waan ummata Oromoo amansiisu yoo qabaate qofa! Sagantaan Adda Bilisummaa Oromoos kan murni naamusaa fi safuu hin beekne kun akka barruu qabsiisa isaatti yeroo fedhetti haquu fi laaquu danda'uu miti.

Addi Bilisummaa Oromoo seenaa qabsoo isaa keessatti kanneen maqaaf dhala Oromoo tahanii alagaa waliin hiriiruudhaan isa irratti duulan baay'ee argee dabarsee jira. Bara Dargii keessa *MEISON* fi *EPRP* fa'adhaan didhaan akkasii ABO mudatee ture. Bara Wayyaanees OPDO tu akka masaanuu ABOtti jaaramee ABO dadhabsiisuuf, danda'amus dhabamsiisuuf ijibbaatame. ABOn garuu isaan kana hundumaa injifannoo cululuqaadhaan irra aanaa dhufee

as gahe. Har'as tahee boru, kanneen maqaaf dhala Oromoo tahanii akka maqaa dhaaba Oromootti of moggaasanii dantaa alagaaf hiriiran jiraachuun waanuma malu. Isaan kunis akkuma warra armaan duraa hundumaa galgalli isaanii kasaaraa dha.

Mooraan QBO akka itituu fi tokkummaan qabsaayotaa akka waaruuf hogganni ABO gumaacha gama isaatiin irraa eegamu baasuu irraa of qosatee hin beeku. Olola keessoo wal irratti oofuu irraa of qusatee diina innikkaa irratti xiyyeeffachuu isaa hundinuu quba qaba. ABO haqaa jechuun kam akka tahe Oromoon hafnaan diina dhaabichaa kan tahe mootummaan Wayyaaneeyyuu tolchee beeka. Diinni Oromoo kan ABO akka qara eebootti sodaatu kun ABO tokkichaa fi hoggana tokkicha kan irriba isa dhorkatee jiru beeka. Wayyaaneen hoggana kanaaf beekkamtii addaa kennuufii barbaadee miti. Karaa hundaan kan muddee isa qabee jiru hogganicha kana waan taheef sirriitti beekeenii irratti duuluuf dirqame. Kana mirkaneeffachuuf diraamaa farra shororkeessummaa jedhee sirnichi yeroo yerootti TV isaa irratti mul'ifatu qofa daaw'achuun gahaa dha.

Murni maqaa ABOtiin kilabii alagootaa seenee daldalu kun dhagaa takkittii illee fuudhee diinatti darbuu mannaa gochaa diiggaa alagoota gammachiisee lammii gaddisiisu irratti bobba'uu isaa dalagaadhaan mirkaneessaa jira. Murni gochaa diigmayaaf wal jala rurruuqame kun kan isa jalatti hiriiranis diigee hanga zeerootti galutti adabachuu waan danda'us hin fakkaatu. Siyaasaa murna kanaa tu siyaasaa quncisaa shunkurtaa ti. Qola qolaan hanga of quncisee fixutti bakka itti dhaabbatu hin qabu. Hoggannummaa dhaaba Oromoo guddaa hanga ABO gahu baatee Oromoof bu'aa buusuun haa turuutii, ofii isaafuu of quncisee qola qolatti galuu irraa of hin oolchine. Warri eega murna kana faana bahee booda dogoggoruu isaa hubatee jalaa deebi'ee fi ammayyuu jalaa deebi'aa jiru hundi dhugaa kanaaf ragaa dha.

Har'a hoggana ABO biratti xiyyeeffannoon guddaan, akka itti qabsichi ummata Oromoo gurmeessee sochoosuudhaan diina Oromiyaa irratti goobe buqqisuu danda'u irratti halkanii guyyaa hojjechuu dha. Hojii qabsoo kanaanis milkiin argamaa jiru mirqaansaa dha. Karaa qabsoo hidhannootiin injifannoon galmeeffamaa jiru kan gaafa mooraan QBO irra-ititaa ture jedhamu irraa ol yoo tahe malee gadii miti. Qabsoo karaa hirmaannaa ummataas ilaalchisee FDG ummata Oromoo bifa haaraa taheen Qeerroo Oromootiin gurmeeffamee diina sarduutti jira. Kun ammoo seenaa QBO keessatti injifannoo haaraa jedhamuu danda'a. Karaa qabsoo dippilomaasiis hammeenya Wayyaanee hawaasa addunyaatti saaxiluuf ABOn duulota babal'oo geggeessuu irratti argama. Karaa hojii beeksisaas ummata Oromoo caalaatti qabsoof kakaasuuf, shira diinaa fi haqa lammii yeoo yerootti hubachiisuuf, shakkii alagaan qabsoo keenya irratti qabu keessaa balleessanii fira qabsoo dabalachuuf hojiin itti bobba'amee jiru bu'aa gaarii argamsiisaa jiraachuu isaaf ragaan ummata Oromoo bal'aa dha. Kun hundi kan milkaawuu danda'eefis tokko tokkoon qabsaawota dhaabichaa akka nama dhibbaatti of kennanii waan hojjetaa jiraniif.

Kanas tahee garuu, mooraa QBO itichanii humna ilmaan Oromoo faffaca'e walitti gurmeessuuf hojjechuun dirqama hunda keenyaa ti. Kun ammoo kan milkaawuu danda'u wareegama qabsoof kafalamaa jirutti bishaan naquudhaan miti. Hojii qabsoo bal'aa kan dhaabaa fi ummata keenyaan itti jiramu ifatti amananii fudhachuu, kabajaa fi deeggarsa maluuf kennuufii wajjin tahuu qaba. Murni maqaa ABOtiin of waamaa OPDO Habashaa tahuuf of kaadhime kun, mootummmaa itti aanu keessatti OPDO lammaffaa tahuuf of qopheessaa jira yoo taheef, barri isaa bara OPDO kan biraa tahuuf kennatu waan hin taaneef gabaa kasaaraa nagadaa jira jennaan.

Dhaabni Gimboot 7 jedhamus, namtokkeelee guyyaa keessa dhufanii maqaa ABO of moggaasuudhaan QBO irratti yakka dalaganiif beekkamtii ABOmmaa kennuuf mirga hin qabu. Dhaabni Habashaa kun ABOn dhugaan kam akka tahe osoma tolchee beekuu, murna badiif hiriire kanatti maqaa tolchee of jalaan deemuun isaa, kufaatii mooraa qabsoo Oromoo arguuf hawwii guddaa akka qabu mul'isa. Kanuma wajjin imaammata dhaabni kun Oromoo addaan diiguuf lafaa qabu ragaa waliin yeroo isaatti itti deebina, gochaan isaas kanuma agarsiisaa jira. Kana qofas osoo hin taane, akkuma Wayyaaneen kaleessa dhala Oromoo keessaa abbootii garaa hagoo maqaa OPDO jedhu itti maxxansitee of jalaan deemuu jalqabde, inni kunis kasaartota siyaasaa Oromoo keessaa bubu'an hanga tokko funaannatee OPDO haaraa kan mataa isaa gurmeeffachuuf akeekkachuun daandii kufaatii hordofuu isaa agarsiisa. Kanaafuu dhaabni Gimbot 7 yoo QBOf kabajaa malu kan qabu taate, murna ABO keessaa tufame kana akka meeshaatti itti dhimma bahee qabsaawota Oromoo wal dura dhaabuuf shira eegale irraa akka hatattamaan dhaabbatu gad jabeessinee yaadachiifna.

**Infoo Deeskii ABO**